

Amajjii 2, 2019

Kabajamoo Dr. Abiy Ahmed,  
Ministeera Muummee Ripaabliikaa Dimookiratawaa Itoophiyaa, Finfinnee

Kabajamoo Dr. Lammaa Magarsaa,  
Prezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Finfinnee

### **Dhimma: Iyyannaa Nageenyaafi Araara Oromiyaa**

Kabajamoo Dr. Abiy Ahmed fi Kabajamoo Pre. Lammaa Magarsaa,

Advocacy for Oromia, jaarmiyaa mitimootummaa biyya Australia, kutaa Victoria keessatti bara 2014 hundeeffame, iyyannaa dhimma nageenyaa fi araara Oromiyaa yeroo isiniif barreessu aangoofi dhageettii qabdaniin waldhabdee, hidhaa, ajjeechaa fi baqannaa uummata keenyaatti furmaata akka gootan isin abdachuun ta'a.

Waliigalteen ABO fi mootummaa Itoophiyaa gidduutti taasifame rakkolee barootaaf kuufamee ture akka furutti abadatamee ture. Waliigalatee al-idilee sun garuu akka abdatame hin taane. Inumaayyuu, waliigalteen al-idilee kun kan waltahame walamantaa irratti hundaa'ee waan ta'eef, akkuum barbaadametti yeroo ibsamuu fi huukamu dhagayaa jirra. Kana jechuun waliigaltichi kan qaama sadaffaan gaggeeffame waan hin turreef, odeeffannoo madaalawaa argachuuf illee rakkisaa ta'ee jira. Kanaaf, waliigaltichi waliigaltee walamantaatiin gaggeeffame, waliigaltee ragaa barreeffama hin qabne, waliigaltee walii mallatteessuun keessa hin jirre; waliigaltee aldilee akka ta'etti hubanna.

Akka hubannaa keenyaatti waliigalteen ABO fi mootummaa Itoophiyaa gidduutti taasifame sababa waliigaltee al-idilee itti ta'e qaba. Sababoota kunneen keessaa.

1. Tokkoffaa, gaaffiin jijjiiramaa qaamota addaddaan dhaadheffamaa ture, yeroo keessa qamota mootummaa Itoophiyaatiin fudhatamuu dha. Mootummichi waan gaaffii ummataa fudhateef walamananii itti seenan.
2. Lammaffaa, akka paartii siyaasaatti qaamni jijjiiramicha olaantummaan raawwachiisuuf fudhate jaarmiyaa Oromoo ta'uu isaa ti. Kunis ABO fi DHDUO gidduutti mariin godhame akka Oromoo tokkotti wal ilaaluun ture. Yeroo kanas ejjannaa ABO kan gaaffii qaama sadaffaa gaafatu san akka aada maleetti jallisanii ilaaluun waan turee fi dhiibbaan guddaas ABO irratti keessaa fi alaan waan gaggeeffameef gaaffii qaama sadaffaa irra darbuun dhufe.
3. Sadaffaa, jila mootummaa hoggananii gara ABO kan dhaqan Dr Abiyis ta'ee Ob Lammaa Magarsaa, Oromoo waan ta'aniif, falmaan ABO immoo mootummaa TPLF olaantummaan gaggeessaa ture waliin waan turreef, gama ABOTiin qaamota jijjiiramaa DHDUO keessaa bahan amanuun ifa ture; kun akka waliigaltichi walmanataan gaggeeffamu taasise.
4. Arfaffaa, qaamni mootummaa Itoophiyaas haala idilee hordofee waan hin dhiyaanneef, ABOn dhiibbaa godhee waliigaltee idileen taasisuu irraa of qusate.
5. Shanaffaa, waliigalteen akkanaa kun duraan dursee jaarmiyaalee Oromoo biyya hambaa turan waliin daddaffiin gaggeeffamaa ture. Kun immoo ABO irratti dhiibbaa uumuun akak daddafee biyyatti aglu waan godheef haala idil-addunyaan waliigaltee qopheessuu fi raawwachuuf hin mijjanne.

Address: 247 Flinders Ln, Melbourne VIC 3000

P O Box: 150, Noble Park, Vic 1974

Email: [info@advocacy4oromia.org](mailto:info@advocacy4oromia.org) Website: [www.advocacy4oromia.org](http://www.advocacy4oromia.org)

Kabajamoo Dr. Lammaa Magarsaafi Dr Abiy Ahmed,

Amma kan mul'ataa jiru waliigaltichi danqaa keessa seenuu dha. Akka kanaan yoo itti fufe waliigaltichi diigamuuf deema. Kun immoo walwaraansa waliiniitti nu deebisuu mala.

Waliigaltee irra gahame kana ummanni Oromoo gammachuun fudhateera. Garuu, ummatichi waa'ee waliigaltichaa ifatti waan beeku hin qabu. Kana biraan, gammachuu ummataa keenyaa waanti danqu dhalataa jira. Kunis akkaataa waliigaltichi irra gahamee fi raawwii waligalticha hojii irraa oolchuu keessaa kan madde.

Advocacy for Oromia akka amanutti, waldhabdeen mariidhaan hin furamne hin jiru. Mariin kamiyyuu gammachuun ummataa keenyaa daran akka abdi horatu taasisa; furmaata amansiisaafis ijoo dha. Kanaaf, waanti godhamuu qabu;


1. Waliigalticha deebisanii haaromsuun akka fuulduratti adeemu taasisuu dha.
2. Hir'ina waliigaltichaa fi raawwii waliigalticha keessatti dhalate qoratanii sirreessa malchiisu fudhachuu dha.
3. Waliigalticha barruudhaan qindessanii bifa waaltinaaheen qajeelfama nagaan fi araaraa Oromiyaa godhachuu dha. Waanti afaaniin dubbatamu yeroo mara jijjiirraaf saaxilamaa dha; namuu akka hubatutti hiikkatee hojjata; waliigalteen afaanii waliigaltee kan humna qabu ittiin mo'atuu dha.
4. Waliigalticha waliigaltee seerawaa gochuun qaamoti hundi sanaaf abboomuu dha.
5. Waliigalticha qaamoti hundi akka hubataniif gamtaan ibsa waloo kennuu dha. Yeroo waliigaltichi mallatteeffamus qaamoti hawaasaa dhimma Oromoo keessaa dantaa qaban kan akka Qeerroo, Caayaalee ogeessotaa, dubartootaa fi ummataa akka irratti argaman taasisuu dha.

Kabajamoo Dr. Lammaa Magarsaafi Dr Abiy Ahmed,

Mootummaan ummataa isin akka Naannoottis ta'e Federaalaatti hoggantan kun fakkeenya mootummaa Gadaa akka ta'uu abdi guddaa qabna. Hiree seenaan isinitti kenne kanaanis siidaa nagaan fi araaraa akka dhaabdaniin dabartan shakkii tokko illee hin qabnu. Jaarmiyaa keenyas jaatanii eebbifamaa akkanaa keessatti qooda fudhatee biyyaa fi naannoo keenya guddisuuf yeroo kamiyyuu qophaawaa dha. Kanaaf, mootummaan aarsaa uummataan isinitti kenname kun hoggantoota ABO faana taa'ee akka mariyatu maqaa saba guddaa Oromootiin isin gaafanna.

Advocacy for Oromian marii nagaafi araara Oromiyaa gadi fageenya qabu qopheessuufi keessatti hirmaatee milkeessuuf yeroo kamiyyuu caalaa fedhii fi qophaa'ina guddaa qabna. Mariin nagaan fi araaraa kamiyyuu qaawwaalee jiran mara duuchee uummata Oromoofi Itoophiyaa hunda gara jaalalaa, tokkummaafi misoomaatti akka ceesisu amanna. Kana hubachuun, iyyannaa keenya kan nagaan fi araaraaf deebii qajeelaa fi hatattamaa akka nuu kennitan maqaa jaarmiyaa keenyaa, maqaa saba Oromoofi uummata Itoophiyaa maraan isin gaaafanna; waan nu hubattaniifis isin galateeffanna.

Horaa Deebanaa,



Dabessa Gemelal  
Director, Advocacy for Oromia

Address: 247 Flinders Ln, Melbourne VIC 3000  
P O Box: 150, Noble Park, Vic 1974

Email: [info@advocacy4oromia.org](mailto:info@advocacy4oromia.org) Website: [www.advocacy4oromia.org](http://www.advocacy4oromia.org)